# Kilinika Dubartoota Afrikaa

## Odeeffannoo waa'ee deinfibulation: adeemsa qaama saalaa kee banuuf gargaaru

### Hojimaanni isaa maali?

Namoonni dhaqna qabaa (kittaannaa) aadaa mudatan tokko tokko qaamni saalaa isaanii cufameera. Hojimaata itti banuuf (deinfibulation jedhamu) yoo barbaaddan, isin gargaaruu dandeenya.

Narsiin/deessiftuun naannoo kana nagaadhaan banuun fincaanii fi dhiigni marsaa laguu salphaatti akka darbu gochuu dandeessi. Walqunnamtii saalaa akka raawwachuun danda'amus ni taasisa.

Yeroo adeemsa kuni raawwatamu dammaqa qabaatta, garuu naannoon sun qoricha qaama hadoochun akka dhukkubbiin sitti hin beekamne godha.

Beellama keessan dura kiriimii anesthetic nuti siif kennine naannoo sana xiqqoo akka dadhabsiisu dibadhaa. Qoricha qaama namaa hadoochu naannoo barbaachisetti waraanamuun akka siif mijatu taasisa. Kireemichi naannoo sana ni hadoocha, lilmoon waranamtu naannoo sana caalaatti akka hadoocha godha

Hojimaanni kun daqiiqaa 30 hanga 40 kan fudhatu ta'a.

Sana booda, qoricha akka salphaatti fincaanuuf qarqaaru isiniif kennina. Daqiiqaa 30 dabalataaf kilinika keessa fooyya'inaaf ni turtan, achiis gara manaatti deebi'uu dandeessu.

Hojimaata booda namni si bira turuu fi gara manaatti si geessu qabaachuun gaariidha.

### Hojimaata booda

Hojimaata booda qaamni kee adda ta'ee sitti dhagahama. Fakkeenyaaf:

- fincaan keessan saffisaan, cimaa fi sagalee guddaadhaan ni ba'a
- marsaan laguu kee ulfaataa fi cimaa ta'uu danda'a, garuu dhukkubbii fi itichuun dhiigaa sitti ni xiqqaata.
- walqunnamtiin saalaa dhukkubbiin isaa xiqqaa ta'a, seensi qaama saalaa waan baldhateef qaamni saalaa kee laaftuu ta'ee sitti dhaga'amuu danda'a.

Gara Kunuunsa Hatattamaa Dubartootaa dhufuun (Women's Emergency Care), haakiima naannoo keessanii (GP), ykn Kutaa Balaa Tasaa naannoo keessanii daawwachuun barbaachisaa dha yoo kan:

- guddina dhiigaa irraa yaaddoo qabaatte
- fincaanuu hin danda'in
- dhukkubbiin hodhaa irraa dhufu hammaataa yoo deeme
- ho'a qaamaa, qorra ykn walumaa galatti fayyaa dhabuu qabaachuu
- qaama saalaa kee keessaa dhangala'aa foolii hamaa qabu yoo bahe.

### Of kunuunsuu

Adeemsa kana booda dhukkubbiin sitti dhaga'amuu danda'a. Dhiita qabaachuu fi yeroo mana fincaanii deemtu miira tasgabbii dhabuu sitti dhaga'amuu danda'a. Akkasumas guyyoota muraasaaf gubannaa xiqqoo sitti dhaga'amuu danda'a. Kun waanuma jirudha.

yaadonni asii gadiiti eeraman miira namatti toluu dhabuu (discomfort) fi hodhaa kunuunsuuf fayyadu:

- qoricha dhukkubbii ulfaataa hin taane kan akka paracetamol fudhachuu
- dhiita'uu hir'isuuf guyyaa jalqabaa yeroo hunda ice pack fayyadamuu
- naannoo sana tasgabbeessuuf bishaan soogidda xiqqo ho'een dhiqachuu
- paadiiwwan keessan yeroo baayyee jijjiiruu
- erga shawaariin ykn dhiqattan booda, infekshinii ittisuuf fooxaa qulqulluudhaan naannoo sana suuta uftuquun qaama gogsaa.
- jookii bishaan qulqulluu mana fincaanii cinatti kaa'i. Erga mana fincaanii fayyadamtee booda naannoo sana dhiqachuun suuta suutaan gogsaa
- jirriin hodhaa sun guyyaa 10 hanga 14 keessatti ofumaan ni bulbula
- guyyaa 2 hanga 3 boqodhaa
- hojii ulfaataa fi hojii manaa irraa fagaadhu

- torban 3 booda ykn yeroo qophiin sitti dhagahamu deebitee walqunnamtii saalaa raawwachuu dandeessa.

## Hordoffi

Torban 4 hanga 6 booda akka gaariitti fayyaa akka jirtu mirkaneeffachuuf deebi'ee wal argina. Osoo gara manaatti hin deemin dura beellama keessan isinii qabna.

## Odeeffannoo quunnamtii

Hojjettoonni Sagantaa Barnoota Mirga Maatii fi Walhormaataa (FARREP) Wiixataa hanga Jimaataatti, ganama sa’aatii 9 hanga galgala sa’aatii 5tti ni argamu.

T: (03) 8345 3058
E: farrep.program@thewomens.org.au
F: (03) 8345 3053

Yookiin hojjetaa FARREP buufata fayyaa hawaasaa naannoo keessanii qunnamaa.

Odeeffannoo dabalataaf marsariitii keenya barbaadaa: http://www.thewomens.org.au/health-information

## Sutata Afaanii

በርስዎ ቋንቋ መረጃ ለማግኘት በድረገጻችን ላይ ይጎብኙ
للحصول على المعلومات بلغتكم زوروا موقعنا الإلكتروني
用您說的語言瞭解詳情，請瀏覽我們的網站
Για πληροφορίες στη γλώσσα σας επισκεφθείτε την ιστοσελίδα μας
अपनी भाषा में जानकारी प्राप्त करने के लिए हमारी वेबसाइट पर जाइए
Per informazioni nella vostra lingua visitate il nostro sito web
Macluumaad intaas ka badan oo af Somali ah booqo websaytkayaga
Kendi dilinizde bilgi almak için web sitemizi ziyaret edin
Để biết thông tin bằng ngôn ngữ của quý vị, hãy truy cập trang mạng của chúng tôi

## Nama afaan hiiku ni barbaaddaa?

Interpreter

Yoo afaan hiikaa barbaadde gaafachuu dandeessa.

## Deeggarsa Jeequmsa Maatii

**1800 Sarara Gargaarsa Biyyaalessaa Kabaja**

Yoo miidhaa saalaa, jeequmsa maatii ykn maatii fi miidhaa si mudate gargaarsa argachuu dandeessa Guyyaas ta'e halkan sa'aatii barbaaddanitti bilbiluu dandeessu.
1800 737 732
1800respect.org.au

**Itti gaafatamummaa:** Waraqaan kuni odeeffannoo waliigalaa qofa kenna. Waa’ee fedhii kunuunsa fayyaa dhuunfaa keessaniitiif, ogeessa fayyaa keessan irraa gorsa fudhadhaa. Hospitaalli Dubartoota (Royal Women’s Hospital )ogeessa fayyaa arguu dhiisanii waraqaa odeeffannoo kana irratti hirkatanii jiraachuu keessaniin kasaaraa ykn miidhaa uumamuuf itti gaafatamummaa hin fudhatu. Yoo yaala fayyaa hatattamaa barbaaddan, maaloo kutaa balaa tasaa (Emergency) isinitti dhihoo jiru qunnamaa.

© The Royal Women’s Hospital 2025